Maqaa Ejensii Tajaajilaa
Teessoo

Maqaa Iyyataa
Teessoo

Guyyaa fi Yeroo
Lakkoofsa Dhimmaa:

# Ulaagaan gahumsa Eegumsa Fayyaa Keessanii Xumuramaa Jira

Sagantaa eegumsa fayyaatif ulaagaa itti fufiinsa qabu murteessuuf odeeffannoo ykn mirkaneessa gaafanneerra. Odeeffannoo ykn mirkaneessa kana hin arganne. Sababa kanaaf, namoonni beeksisa kana keessatti tarreeffaman guyyaa armaan gadii booda Gargaarsa Yaalaa ykn MinnesotaCare argachuuf ulaagaa hin guutan.

Yoo nu qunnamtan ykn odeeffannoo hir'ate hanga guyyaa armaan gadiitti yoo kennitan, dhimma keessan irra deebinee ni ilaalla. Yoo nu bilbiluu barbaaddanii garuu lakkoofsa hin beektan ta'e, gargaarsa argachuuf gara Deeggarsa Kunuunsa Fayyaa DHS tti 651-297-3862 ykn 800-657-3672 irratti bilbilaa.

**Bu'aa Kunuunsa Fayyaa**

**Maqaa:** **Lakkoofsa Eenyummaa MNsure:**

| Guyyaa eegalu | Tarkanfii | Gosa uwwisaa |
|---|---|---|
| Guyyaa | Cufameera | MinnesotaCare |

**Odeeffannoon dabalataa fuula itti aanu irra jira.**

- Ragaa keessan waan hin dhiheessineef MinnesotaCare argachuuf ulaagaa hin guuttani. **tilmaama galii waggaa (Seera Dambii Federaalaa, Mata duree 45, Keeyyata 155.315 fi** 155.320).

- Kana booda MinnesotaCare argachuuf ulaagaa hin guuttani. Guyyaan dhumaa uwwisa MinnesotaCare irraa argachuu dandeessan **[Date]** dha.

- Beeksisa biraa sagantaa biraatiif ulaagaa guutuu fi dhiisuu keessan isinitti himu ni argattu.

## Waa'ee beeksisa kanaa gaaffii yoon qabaadhe hoo?

Yoo gaaffii qabaattan nuuf bilbilaa.

- Waa’ee Gargaarsa Yaalaa irratti gaaffii yoo qabaattan, ejensii kaawuntii ykn gosa keessaniitti bilbilaa.
- Gaaffii waa’ee MinnesotaCare ykn gaaffii waliigalaa waa’ee Gargaarsa Yaalaatiif, gara Deeggarsa Maamila Kunuunsa Fayyaa DHS 651-297-3862 ykn 800-657-3672 irratti bilbilaa.

Gargaarsa bilisaa Navigeetarii irraa argachuu dandeessu. Navigeetarii naannoo keessanitti kan afaan filattan dubbatu argachuuf, https://www.mnsure.org seenuun Gargaarsa Bilisaa Barbaaduu jalatti “Galmee Gargaaraa” cuqaasaa.

Yoo rakkoo dhageettii ykn dubbii qabaattan, tajaajila telekoomii rileey filattan fayyadamuun nu qunnamaa**.**

## Gargaarsa mootummaa yoo argadhe baasii kunuunsa fayyaa koo deebisuun qabaa?

Yeroo tokko tokko, seerri federaalaa fi kutaa biyyaa, Minnesota Department of Human Services fi dhaabbileen naannoo baasii sagantaa Gargaarsa Yaalaa (MA) miseensota isaaf kaffale akka deebifatan ni gaafata. Adeemsi deebisanii dhaabuu kun sagantaa deebisuu fi tursiisa qabeenya Minnesota MA tiin kan raawwatamudha. Yoo MA keessatti galmooftanii jirtu ta'e kanneen armaan gadii dubbisaa.

Yoo MA keessatti galmooftanii jirtu ta'e, erga duutani booda, Minnesota'n baasii tajaajilaa fi deeggarsa yeroo dheeraa (LTSS) kamiyyuu umurii waggaa 55 fi isaa olitti argattan deebifachuuf yaalu qaba. LTSS kanneen armaan gadii dabalata:

- Tajaajila Kunuunsa Manaa
- Tajaajila manaa fi hawaasa bu'uura godhate
- Baasii hospitaalaa fi qoricha ajaja ogeessa fayyaatiin walqabatee bahu
- Uwwisa tajaajiloota kanaaf kunuunsa pirimeemii(ibsawwaan) bulfaman

Erga duutee boodas, yoo haadhi warraa/abbaan warra keessan lubbuun hafe,daa'ima umuriin isaa wagga 21 gadi ta'e yoo qabaattan, ykn daa'ima qaroo dhabeessa ykn qaama miidhamaa ta'e qabaattan  Minnesota'n baasii kana deebifachuu hin danda'uu. Erga haati warraa/abbaan warraa keessan du'anii booda, Minnesota'n baasiiwwan MA LTSS keessan qabeenya haadha warraa/abbaa warraa keessan irraa deebifachuuf yaaluun dirqama. Haa ta'u malee, daa'ima umuriin isaa waggaa 21 gadi ta'e, kan qaroo hin qabne ykn dhaabbataadhaan qaama miidhamaa yoo qabaatte, damdamannaa caalaatti harkifata. Ijoolleen keessan qabeenya isaaniitti fayyadamuun tajaajila MA isin argattan kamiyyuu mootummaaf deebisuu hin qaban.

Yoo qabeenya MA deebisuu fi liqiin haala keessanii fi karoora qabeenya keessan irratti dhiibbaa akkamii geessisuu akka danda'u gaaffii addaa qabaattan, garee deeggarsa seeraa ykn abbaa seeraa dhuunfaa wajjin dubbachuuf mirga qabdu. Minnesota Department of Human Services gorsa seeraa isiniif kennuu hin danda'u. Odeeffannoo dabalataaf, gara https://mn.gov/dhs/ma-estate-recovery/ deemaa.

# Mirga Ol'iyyannoo Keessan

## Tarkaanfii uwwisa kunuunsa fayyaa koo irratti fudhatame irratti yoo walii hin galle hoo?

Murtiin beeksisa kunuunsa fayyaa keessan keessatti kenname dogoggoraa yoo isinitti fakkaate, ol'iyyannoo dhiheessuuf mirga qabdu. Ol'iyyannoon adeemsa seeraa abbaan murtii tajaajila namaa dhaddacha geggeessuu fi murtii Department of Human Services (DHS) ykn dhaabbata kaawuntii ykn gosaatiin waa'ee Gargaarsa Fayyaa (MA) ykn uwwisa MinnesotaCare irratti kenname gamaaggamuudha. Akkaataa kun itti hojjetu www.dhs.state.mn.us/appeals/faqs irraa caalaatti baruu dandeessu.

## Akkamittan ol'iyyannoo dhiheessa?

Gaaffii barreeffamaa mataa keessanii dhiyeessuun, unka ol'iyyannoo DHS guutuudhaan, ykn bilbilaan ykn qaamaan gargaarsa argachuudhaan ol'iyyannoo dhiyeessu dandeessu. Ejensiin kaawuntii ykn gosa keessanii ol'iyyannoo keessan akka dhiheessitan isin gargaaruu danda'a.

Ol'iyyannoo jalqabuuf kanneen armaan gadii keessaa tokko raawwadhaa:

- Unka Iyyannoo Ejensii Mootummaa (DHS-0033) https://edocs.dhs.state.mn.us/lfserver/Public/DHS-0033-ENG irratti guutuudhaan karaa elektirooniksii galchaa.
- Gaaffii keessan gara Minnesota Department of Human Services Appeals Division, PO Box 64941, St. Paul, MN 55164-0941, ykn faaksii 651-431-7523 tti ergaa.
- Odeeffannoo barreeffamaan ol'iyyannoo dhiyeessuuf, ykn bilbilaan ol'iyyannoo dhiyeessuuf, DHS Appeals Division
  651-431-3600 ykn 800-657-3510 tti bilbilaa.
- Gargaarsa qaamaan argachuuf, gara Minnesota Department of Human Services Information Desk, 444 Lafayette Road N, St. Paul, MN 55155 deemaa.

## Ol'iyyannoo maal dhiyeessu danda'a?

Kanneen keessaa kamiyyuu ol iyyannoo dhiyeessu dandeessu:

- Ejensiin kaawuntii ykn gosa, ykn DHS gaaffii waa'ee uwwisa kunuunsa fayyaa keessan irratti tarkaanfii fudhachuu yommuu dadhabu.
- Ejensiin kaawuntii ykn gosa, ykn DHS, gaaffii keessan garmalee suuta yoo adeemsise.
- Ejensiin kaawuntii ykn gosaa ykn DHS tarkaanfii isin irratti walii hin galle yoo fudhate (fakkeenyota tarkaanfiiwwan: Gargaarsa Fayyaa ykn uwwisa MinnesotaCare dhorkuu, sagantaa ulaagaa guutuu hin qabu jettanii yaaddaniif uwwisa raggaasisuu, ykn Gargaarsa Fayyaa ykn faayidaa MinnesotaCare irratti jijjiirama gochuu).

## Yoom ol iyyannoo dhiyeessuun qaba?

Beeksisni dursaa waa'ee uwwisa jijjiiramaa keessanii guyyaa tarkaanfiin tokko hojiirra ooluu guyyoota 10 fi isaa ol dursuudhaan isiniif ergamuu qaba. Yeroo tokko tokko tarkaanfiin fudhatamuu isaa guyyaa shan dura, ykn guyyaa tarkaanfiin fudhatamu beeksisa isiniif erguu dandeenya.

Beeksisa kunuunsa fayyaa erga argattaniii **guyyoota 30** keessatti ol'iyyannoo keessan dhiyeessu qabdu. Guyyaa 30 keessatti ol'iyyannoo dhiyeessuu dadhabuu keessaniiif sababa gahaa yoo dhiyeessitan, guyyaa beeksifni kunuunsa fayyaa keessan bahee booda hanga guyyoota 90tti ol'iyyannoo dhiyeessu dandeessu. Odeeffannoo barbaachisaa ta'e waa'ee daangaa yeroo Gargaarsa Fayyaa fi iyyannoo MinnesotaCare ilaaluuf

kutaa itti aanu ilaalaa.

*Barbaachisaa:* Murtiin ol'iyyannoo miseensa maatii tokkoof kennamu ulaagaa miseensota maatii biroo irratti dhiibbaa uumuu danda'a. Ulaagaa maatii irra deebiidhaan murtaa'uu barbaachisa ta'u danda'a.

## Yeroo iyyannoo kootti faayidaan koo itti fufaa?

Faayidaa yeroo beeksisa kunuunsa fayyaa keessan argattan argachaa turtan itti fuftanii argachuu dandeessu ta'a. Garuu yeroo murtaa'e keessatti ol'iyyannoo keessan dhiyeessu qabdu. Faayidaan keessan itti fufuu kan danda'u yoo guyyaa tarkaanfiin beeksisa kunuunsa fayyaa irratti tarreeffame hojiirra oolutti, ykn guyyaa beeksifni kenname irraa eegalee guyyoota 15 keessatti ol'iyyannoo galfattanidha. Yeroo ol'iyyannoo keessan uwwisa itti fufiinsa qabu argachuuf kaffaltii MinnesotaCare ji'a ji'aan kaffaluu qabdu. Faayidaan keessan akka itti fufu yoo hin barbaanne barreeffamaan DHStti himaa.

*Barbaachisaa:* Yoo ol'iyyannoo keessan dhabdan, faayidaa yeroo ol'iyyannoo keessan hin xumuramne argatte deebiftanii kaffaluu qabdu ta'a.

*Barbaachisaa:* Yoo faayidaan keessan dhaabbate Gargaarsa Fayyaa ykn MinnesotaCare irra deebiidhaan iyyachuuf mirga qabdu.

## Yoon hatattamaan dhaddacha barbaade hoo?

Ol'iyyannoo ariifataa (saffisaa) gaafachuuf mirga qabdu. Yoo battalumatti dhaddacha barbaaddan ykn waa'ee ol'iyyannoo ariifachiisaa gaaffii yoo qabaattan, HS Appeals Division at 651-431-3600 (metro) ykn 800-657-3510 (kana alaa) qunnamaa. Maaloo waa'ee haala keessanii fi maaliif iyyannoo ariifataa akka barbaachisu odeeffannoo bal'aa kennaa. Odeeffannoo kana malee, ol'iyyannoo saffisaa argachuuf ulaagaa guutuu qabaachuu fi dhiisuu keessan murteessuu hin dandeenyu, akkasumas ol'iyyannoo keessan adeemsa ol'iyyannoo idileetiin ni ilaalla.

## Erga ol'iyyannoo koo galfadhee booda maalan godha?

Odeeffannoo gocha ol'iyyannoo dhiheessitan waliin walqabate mirkaneessuu walitti qabaa ykn  sababa gochi sun dogoggora jettanii yaaddan ibsaa.

Xalayaan guyyaa fi sa'aatii dhaddacha ol'iyyannoo keessan ibsu isiniif dhiyaata. Dhaddachi irra caalaan isaa bilbilaan kan raawwatamudha.

Jijjiirama mana keessan keessatti mul'ate, kan akka hojii jalqabuu ykn dhaabuu, ykn jijjiirama namoota isin waliin jiraatan irratti mul'ate gabaasuu itti fufaa.

- MA tiif, jijjiiramni erga dhufee guyyoota 10 keessatti jijjiirama gabaasuu itti fufaa. Jijjiirama kaawuntii ykn ejensii gosa keessaniitti bilbiluun gabaasaa.
- Yoo isinii fi namni maatii keessan keessa jiru hundi MinnesotaCare argatte, guyyoota 30 keessatti jijjiirama gabaasuu itti fufaa. Jijjiirama gabaasuuf gara Deeggarsa Fayyadamtoota Kunuunsa Fayyaa DHS 651-297-3862 ykn 800-657-3672 tti bilbilaa.

## Iyyannoo koo irratti gargaarsa argachuu nan danda'aa?

Dhaddacha irratti ofuma keessanii dubbachuu dandeessu. Akkasumas namni biraa akka isiniif dubbatu gochuu dandeessu. Yeroo ol'iyyannoo keessan dhiheessitan dhaddacha irratti namni biraa akka isiniif dubbachuu akka barbaaddan nutti himuu dandeessu. Galiin keessan daangaa murtaa'e gadi yoo ta'e, waajjira gargaarsa seeraa naannoo keessan jiru irraa gorsa seeraa argachuu ykn ol'iyyannoo keessan irratti gargaarsa argachuu dandeessa ta'a. Waajjira gargaarsa seeraa naannoo keessan jiru argachuuf, http://www.lawhelpmn.org daawwadhaa. Waajjira gargaarsa seeraa naannoo keessan jirutti bilbiluu ni dandeessu.

- Yoo Hennepin County keessa jiraattu ta'e, 612-334-5970 irratti bilbilaa.
- Yoo Ramsey County keessa jiraattu ta'e, 651-222-4731 irratti bilbilaa.
- Kaawuntii biroo hundaaf, 800-292-4150 irratti bilbilaa.

# Mirga Siivilii Keessan

CB3 (HC-Medical) 5-23

Loogiin seera cabsuudha.  Minnesota Department of Human Services (DHS) kanneen armaan gadii kamiyyuu irratti bu'uureffachuun loogii hin godhu: sanyii, bifa, madda sabaa, amantii, ilaalcha amantaa, haala gargaarsa ummataa, haala gaa'elaa, umurii, qaama miidhamummaa, saala (fedhii saalaa fi eenyummaa saalaa dabalatee) ykn amantaa siyaasaa.

## Tajaajila Bilisaa

### Odeeffannoo Deeggarsaa

Yoo qaama miidhamummaa qabaattan fi sagantaalee kunuunsa fayyaa keenya walqixa akka argattu mirkaneessuuf gargaarsaa fi tajaajila barbaaddan, DHS yeroodhaanii fi kaffaltii malee ni kenna. Gargaarsi fi tajaajiloonni kunniin hiiktoota gahumsa qabaniifi odeeffannoo bifa dhaqqabamaa ta'e kan dabalatudha.

### Deeggarsa Afaanii

Yoo Afaan Ingiliffaa hubachuuf rakkattanii fi odeeffannoo fi tajaajila argachuuf gargaarsa afaanii barbaaddan, DHS tajaajila gargaarsa afaanii yeroodhanii fi kaffaltii malee ni kenna. Tajaajiloonni kunneenis sanadoota hiikamanii fi afaan dubbataman hiikuu kan dabalatudha.

Tajaajila bilisaa kana DHS irraa gaafachuuf, gara Deeggarsa Fayyadamtoota Kunuunsa Fayyaa DHS 651-297-3862 ykn
800-657-3672 irratti bilbilaa. Yookiin tajaajila rileeyii filattan fayyadamaa.

## Komiiwwan mirga Siviilii

Dhaabbata tajaajila namoomaatiin loogiin isin irratti raawwatamuu isaa yoo amantan, himannaa loogii dhiyeessuuf mirga qabdu.

Komii loogii dhiyeessuuf kallattiin dhaabbilee sadan armaan gadii keessaa tokko qunnamuu dandeessu.

**U.S.** Department of Health and Human Services' waajjira Mirgoota Hawaasummaa (OCR)

Sababoota armaan gadii kamiinuu loogiin isin irra gahuu isaa yoo amantan, komii keessan OCR, dhaabbata federaalaatti dhiyeeffachuuf mirga qabdu:sanyii, bifa, madda sabaa, amantii, ilaalcha amantaa, haala gargaarsa ummataa, haala gaa'elaa, umurii, qaama miidhamummaa, saala (fedhii saalaa fi eenyummaa saalaa dabalatee) ykn amantaa siyaasaa.

Komii dhiyeessuuf, kallattiin **OCR** qunnamaa:

Centralized Case Management Operations
U.S. Department of Health and Human Services
200 Independence Avenue, SW
Room 509F, HHH Building
Washington, DC 20201
800-368-1019 (voice), 800-537-7697 (TDD)
202-619-3818 (fax)
OCRComplaint@hhs.gov (email)

 

https://ocrportal.hhs.gov/

**Minnesota Department of Human Rights (MDHR)**

Minisootaa keessatti, sababoota armaan gadii kamiinuu loogiin isin irra gahuusaa yoo amantan MDHRtti himachuuf mirga qabdu:sanyii, bifa, madda sabaa, amantii, ilaalcha amantaa, saala, fedhii saalaa, haala gargaarsa ummataa, haala gaa’elaa, umurii ykn qaama miidhamummaa.

Komii dhiyeessuuf, kallattiin MDHR qunnamaa:

Minnesota Department of Human Rights
540 Fairview Avenue North, Suite 201
St. Paul, MN 55104
651-539-1100 (voice) or 800-657-3704 (toll free)
711 or 800-627-3529 (MN Relay)
651-296-9042 (fax)
Info.MDHR@state.mn.us (email)
https://mn.gov/mdhr/intake/consultationinquiryform/

## Minnesota Department of Human Services (DHS)

Sababoota armaan gadii kamiinuu sagantaa kunuunsa fayyaa keenya keessatti loogiin isin irra gahuu isaa yoo amantan DHS tti komii keessan dhiyeeffachuuf mirga qabdu:sanyii, bifa, madda sabaa, amantii, ilaalcha amantaa, haala gargaarsa ummataa, haala gaa’elaa, umurii, qaama miidhamummaa, saala (fedhii saalaa fi eenyummaa saalaa dabalatee) ykn amantaa siyaasaa.

Komiin guyyaa loogiin isin mudate irraa eegalee guyyoota 180 keessatti barreeffamaan dhiyaachuu qaba. Komiin kun maqaa fi teessoo keessan qabaachuu akkasumas komii loogii isin dhiyeessitan ibsuu qaba. Komii keessan erga argannee booda qorachuuf aangoo qabaachuu fi dhiisuu keenya barreeffamaan isin beeksifna. Yoo aangoo isaa kan qabnu ta’e, komii dhiyaate ni qoranna.

DHS bu’aa qorannoo barreeffamaan isin beeksisa. Murtii kenname irratti walii hin galle yoo ta’e, bu’aa kenname irratti ol’iyyannoo dhiheessuuf mirga qabdu. Ol’iyyannoo dhiheessuuf, DHS bu’aa qorannoo akka ilaaluuf gaaffii barreeffamaa erguu qabdu. Maaliif murtoo kenname irratti akka waliif hin galle bifa gabaaba ta’een ibsaa. Odeeffannoo barbaachisaadha jettanii yaadan itti dabalaa.

Yoo haala kanaan komii dhiheessitan, namoonni ejensii himannaa keessatti maqaan isaa ibsame keessa hojjetan haaloo isinirratti bahuu hin danda’an. Kana jechuun iyyannoo dhiheessitaniif karaa kamiinuu isin adabuu hin danda'an jechuudha. Haala kanaan komii dhiyeessuun furmaata seeraa ykn bulchiinsaa biroo argachuu irraa isin hin dhorku.

Komii loogii dhiyeessuuf, kallattiin DHS qunnamaa:

Civil Rights Coordinator
Minnesota Department of Human Services
Equal Opportunity and Access Division
PO Box 64997
St. Paul, MN 55164-0997
651-431-3040 (voice) or use your preferred relay service